



BIIROO FAYYAA OROMIYAA
የኦሮሚያ ጤና ቢሮ
OROMIA HEALTH BUREAU

Guyyaa 27/01/2014
Date
Lakk. ቁጥር 160-13/251
Ref.no BFO

Waajjira Fayyaa Godinaalee Hundaaf

Waajjira Fayyaa Bulchiinsa Magaalaa Hundaaf

Hospitaalota Hundaaf

B/J

Dhimmi isaa: Qajeelfama ragga'e isinii erguu ta'a

Waajjirri Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Xalayaa **lakk. 05/WP/03/298**, gaafa guyyaa **26/01/2019** Biiroo keenyaaf barreesseen, Manni Marii B.M.N.O Wixinee Qajeelfama Raawwii Kaffaltii Tajaajila Yeroo Hojii Idileetiin Alaa Hojjetaa Dhaabbata Fayyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Qophaa'e ragga'uu isaa ibsuun, akka hojiirra oolu nu beeksisee jira.

Haaluma Kanaan, **Qajeelfama Raawwii Kaffaltii Tajaajila Yeroo Hojii Idileetiin Alaa Hojjetaa Dhaabbata Fayyaa Mootummaa, Lakkoofsa 29/2019** akka hojiirra oolchitan jechaa, qajeelfama ragga'e fuula **11**, akkasumas Xalayaa Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa irraa ittiin nu beeksifame fuula **1** xalayaa gaggeessituu kana waliin miiltoo goonee isinii erguu keenya beeksifna.

G.G

Damee Walaansaa fi Hooggansa dhaabbilee fayyaa

Daayirektara Qophii Karooraa, Baajataa, Hordoffii fi Gamaggamaa


Daayireektooretii Misoomaa fi Hooggansa Qabeenya Namaa

Waajjira Hoogganaa Biiroo

BFO



Nagaa Wajjin


Natsaanat Warqinah (Pr.)
Hooggantuu Biiroo Fayyaa
Oromiyaa



6955



befokom2008@gmail.com
info@orhb.gov.et



www.orhb.gov.et



Oromia health bureau



t.me/ORHBCommunication



saarbet (calclii) finfinnee



**WAAJJIRA PIREZIDAANTII MOOTUMMAA
NAANNOO OROMIYAA**

የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት ጽ/ቤት
OROMIA NATIONAL REGIONAL STATE OFFICE OF THE PRESIDENT

Ganyaa ቀን 26/01/2019
Date
Lakk ቁጥር 05/01/03/298
Ref.No.

Biiroo Fayyaa Oromiyaatiif

Komishinii Paabliik Sarviisii fi Dagaagiina Naamuusaa Oromiyaatiif

Finfinnee

Dhimmi:- Qajeelfama Ragga'e Isinii Erguu Ilaala.

Manni Marii B.M.N.O Bara Hojii 6^{ffaa} Waggaa 5^{ffaa} Walga'ii Idilee 6^{ffaa} Fulbaana 9 bara 2019 gaggeesseen, *Wixinee Qajeelfama Raawwii Kaffaltii Tajaajila Yeroo Hojii Idileetin Alaa Hojjetaa Dhaabbata Fayyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Qophaa'ee dhiyatee* irratti mari'achuun murtoo dabarseera.

Haaluma kanaan manni mariichaa, *Qajeelfama Raawwii Kaffaltii Tajaajila Yeroo Hojii Idileetin Alaa Hojjetaa Dhaabbata Fayyaa Mootummaa, Lakkoofsa 29/2019* ta'ee kan raggaasise waan ta'ef, hojiirra akka oolchitan jechaa, qajeelfama ragga'e fuula 11 xalayaa gaggeessituu kana waliin miiltoo goonee isinii erguu keenya beeksifna

G/G

➤ **Biiroo Abbaa Alomoo Waligalaa Oromiyaatiif**

➤

Finfinnee

➤ **Waajjira Pirezidaantiifi MMBMNOTiif**

➤ **Daarektoreetii Seeraatiif**

➤ **Daarektoreetii Dhimma Kaabineetiif**

W.P.B.M.N.O



Nagaa wajjin

*Girmaa Deesisa Badhaadhaa
IIA/Hogganaa Waajjira*

Qajeelfama Raawwii Kaffaltii Tajaajila Yeroo Hojii Idileetin Alaa Hojjetaa Dhaabbata Fayyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf bahe

Tajaajilli seektarri fayyaa kennu lubbuu namaa waliin kan walqabatuufi tajaajila osoo adda hin citiin sa'aa 24f guyyaa hojii idilee, Sanbataa, dilbataafi guyyoottan ayyaanaa akka biyyaalessaatti kabajaman dabalatee kan kennamu ta'ee, hojjettoota dhaabbilee fayyaa sa'aa hojii mootummaa idilee alatti ramadamanii hojjetaniif sirni kaffaltii ifa ta'e jiraatee bifa walfakkaataan akka raawwatamu gochuuf Qajeelfama kana qopheessuun waan barbaachiseef;

Imaammataafi seerota akka biyyaalessaatti bahee jiru giddugaleessa godhachuun Qajeelfama kaffaltii hojii idileetiin ala hojjettoota dhaabbilee fayyaa baasuun tajaajila fayyaa duraan hin turree hammachiisuun kenni tajaajila fayyaa dhaqqabamaa, qulqulluufi si'ataa ta'e akka jiraatu taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Bu'uuruma kanaan gaaffii hojjetaa dhaabbilee fayyaa deebii kennuuf, kenni tajaajila fayyaa qulqullina, saffinaafi gahumsaan akka kennamuuf, hojjetaa dhaabbata fayyaa Mootummaa onnachiisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Seeroonni akka Naannoo keenyatti bahanii hojiirra jiran hojjettoota dhaabbilee fayyaa akkaataa amala hojiifi ogummaa tajaajila kennaa jiran bu'uureffatee kaffaltiin hojii idileetiin ala raawwatamaa kan hin jirreefi sababa kanaan haalli kaffaltii iddoo adda addaatti dhaabbilee irraa dhaabbileetti garaagarummaa qabaachuu isaatiin madda komiifi rakkoo bulchiinsa gaarii ta'uu irra darbee kenna tajaajilaa irraan miidhaa dhaqqabsiisaa waan jiruuf sirna hundagaleessa ta'ee walfakkaatinsa kenna tajaajilaa fiduu danda'u diriirsuun waan argameef;

Akkaataa Dambii hojimaata Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa lakk.131/2003 Keewwata 14(2)(b)tiin Aangoon Biiroo Maallaqaa Oromiyaaf kenname akkuma eeggametti tahee , dhimmoota dirqama faayinaansii ulfaata fiduu danda'an yookiin dhimmoota dirqama dabalataa baajataa ilaalchisee mana marichaaf dhiyaate akka murtaa'uu danda'u waan akeekuuf dhimmoonni kaffaltii tajaajila idileen alaa ogeeyyii fayyaa kunis baajata dabalataa waan barbaaduuf Mana Maree Bulchiinsa naannichaatti dhiyaate murtaa'uu waan qabuuf;

Akkaataa Labsii Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk 215/2011 Keewwata 35(1)fi Dambii hojimaata Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa lakk.131/2003 Keewwata 14(2)(b)fi Keewwata 45tiin Qajeelfamni kun bahee jira.



Kutaa Tokko
Tumaalee waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Qajeelfama kun “Qajeelfama Raawwii Kaffaltii Tajaajila Yeroo Hojii Idileetin Alaa Hojjetaa Dhaabbata Fayyaa Mootummaa, Lakkoofsa 29/2019” jedhamee waamamuu ni danda’a.

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisu yoo ta’e malee Qajeelfama kana keessaatti:

- 1) “Maanaajimantii Hospitaalaa” jechuun Hospitaala keessatti kanneen sa’aa hojii idileen alaa irratti ramadamani buluu yookiin ooluu danda’an ta’ee, hoji gaggeessaa ol’aanaa, qindeessaa humna namaa, daayireektara kilinikaalaafi hospitaala barsiisummaa irratti ammoo provostii, Itti Aanaa provostii sadan, qindeessaa humna namafi qindeessaa loojistikii kan hammatudha.
- 2) “Biirroo” jechuun Biirroo Fayyaa Oromiyaafi Caasaa isaa sadarkaan jiranidha.
- 3) “Komishinii” jechuun Komishinii Paabliik Sarviisiifi Dagaagina Naamusaa Oromiyaati.
- 4) “Dhaabbata Fayyaa” jechuun Hospitaala, Giddugala Dandamachiisaa, Buufata Fayyaa, Keellaa fayyaa waliigalaa, Baankii Dhiigaa, Wiirtuu Yaalii Ispeeshaaliitii adda addaa, Giddugala Qorannoo Fayyaa Hawaasaafi Labooratoorii Naannoo ta’anii Mootummaa Naannichaa jalatti kan bulanidha.
- 5) “Garee Qulqullinaa” jechuun sadarkaa dhaabbilee fayyaatti kanneen garee qulqullina tajaajila fayyaa irraa sa’aa hojii idileen ala irratti ramadamuun oolanii yookiin bulanii hojjetaniifi instaandaardii kenna tajaajila fayyaa ol’aantummaan hordofaniifi to’atanidha.
- 6) “Hojjetaa Dhaabbata Fayyaa” jechuun hojjetaa dhaabbiidhaan yookiin yeroon caaseffama mirkanaa’ee jiruun dhaabbata fayyaa keessatti ramadamee hojjetu hundadha.
- 7) “Kaffalti Hojjetaa Eggataa (On Call Payment)” jechuun kaffaltii sababii kenna tajaajila fayyaa guyyoottan sa’aa hojii mootummaan ala guyyaa waaree booda sa’aa 11:30 hanga ganama sa’aa 2:30, Sanbataafi Dilbata, Guyyoottan ayyaanaa akka biyyaalessaatti seeran beekkaman hojjetootni waamamanii gara dhaabbata fayyaa dhufanii tajaajila kennaniif kaffalamu yookiin raawwatamudha.
- 8) “Kaffaltii Yeroo Hojii Idileen Alaa (On Duty)” jechuun kaffaltii sababii kenna tajaajila fayyaa guyyoottan sa’aa hojii mootummaan ala guyyaa waaree booda sa’aa 11:30 hanga ganama sa’aa 2:30, Sanbataafi Dilbata, Guyyoottan ayyaanaa akka biyyaalessaatti seeran beekkaman oolanii, turanii yookiin bulanii hojjetaaniif raawwatamudha.
- 9) “Labsii” jechuun Labsii Hojjetoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 215/2011 ti.



- 10) "Maanaajimentii Buufata Fayyaa" jechuun Buufata Fayyaa keessatti kanneen sa'aa hojii idileen alaa irratti ramadamani buluu yookiin ooluu danda'an ta'ee; Daayireektara buufata fayyaa, Itti Aanaa daayireektara buufata fayyaafi qindeessaa bulchiinsa qabeenya namaa kan dabalatudha.
- 11) "Mootummaa" jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
- 12) "Naannoo" jechuun Naannoo Oromiyaati.
- 13) "Nama" jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeran mirgi namummaa kennameefidha.
- 14) "Qajeelfama" jechuun Qajeelfama Raawwii Hooggansa Qabeenya Namaa Manneen Hojii Motummaa Naannoo Oromiyaa Irradeebiin Fooyyeessuuf Bahe Lakkoofsa 24/2015 fi Qajeelfama Hooggansaafi Misooma Hojjetoota Seektera Fayyaa Oromiyaa Lakkoofsa 20/2015 ti.
3. Ibsa Koornayaa
- Qajeelfama kana keessatti jechi koornayaa dhiiratiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.
4. Daangaa Raawwattiinsaa
- Qajeelfamni kun dhaabbata fayyaa, hojjetaa dhaabbata fayyaafi qaamolee Qajeelfama kana hojiirra oolchuun keessatti gahee qaban hunda irratti raawwattiinsa ni qabaata.

Kutaa Lama

Sirna Kaffaltiifi Mirgaafi Dirqama Hojjetoota Dhaabbata Fayyaa

5. Haala Shallaggiifi Kaffaltii Sa'aa Hojii Idileetiin Alaa

Shallaggiifi kaffaltiin sa'aa yeroo hojii idileetiin alaa haala armaan gadiitiin kan raawwatu ta'a:

- 1) Shallaggiin kaffaltii sa'aa yeroo hojii idileen ala kan shallagamu mindaa hojjetaan sa'aa tokkotti argatu irraa ta'ee, mindaa haadhoo (gross salary) hojjetaan ji'aan argatu 240f hiruun ta'a;
- 2) Tumaan Qajeelfama kana Kecwata Xiqqaa 1 akkuma eegametti ta'ee, haalli shallaggii kaffaltii yeroo hojii tajaajila idileetiin alaa irratti hojjetaan tokko yoo ramadamu guyyootan hojii, guyyoota Ayyaana akka biyyaalessaatti beekkamtii qaban, Sanbataafi Dilbata dabalatee sa'aa guyyaa waaree booda sa'aa 11:30 irraa hanga ganama sa'aa 2:30, guyyootan ayyaanaa akka biyyaalessatti beekkamtii qaban, Sanbataafi Dilbata ammoo Ganama sa'aa 2:30 irraa hanga sa'aa 11:30 tti ta'ee shallaggiin kaffaltii isaa akkaataa armaan gadiitiin ta'a;
- (a) Hojjetaan guyyaa waaree booda sa'aa 11:30 irraa eegalee hanga sa'aa 12:00 akkusumas ganama sa'aa 12:00 irraa eegalee hanga sa'aa 2:30 tti hojjeu turtii sa'aa sadan keessatti mindaa hojii idilee sa'aa tokkotti kaffalamu 1n (tokkoon) baay'isuun kan shallagamu ta'a.




- (b) Hojjetaan guyyaa waare booda sa'aa 12:00 irraa eegalee hanga galgala sa'aa 4:00 tti hojjetu turtii sa'aa arfanii keessatti mindaa hojii idilee sa'aa tokkotti kaffalamu 1.25 baay'isuun kan shallagamu ta'a.
- (c) Hojjetaan halkan sa'aa 4:00 irraa hanga barii sa'aa 12:00 tti hojjetu turtii sa'aa saddeettan keessatti mindaa hojii idilee sa'aa tokkotti kaffalamu 1.5 baay'isuun kan shallagamu ta'a.
- (d) Hojjetaan guyyaa jimaata galgalaafi Sanbata galgala bulee akkasumas Sanbataafi Dilbata guyyaa oolee hojjetu mindaa hojii idilee sa'aa tokkotti kaffalamu 2 baay'isuun kan shallagamu ta'a.
- (e) Hojjetaan jalabultii ayyaanaa akka biyyaatti kabajamee oolu irratti halkan ramadamee buluufi guyyaa ramadamee oolu kaffaltii mindaa hojii idilee sa'aa tokkotti kaffalamuuf 2.5 baay'ifame kan kaffalamuuf ta'a.
- 3) Kaffaltiin hojjetaa ramadamee waamamuu (on call) akkaataa armaan gadiitiin kan raawwatu ta'a:
- (a) Hojjetaan dabareedhaan ramadamee osoo hin waamamin yoo hafe kaffaltii tajaajila yeroo idileetiin alaa guyyaatti argachuu qabu keessaa dhibbeentaan Soddoma (% 30) kan kaffalamuuf ta'ee ogeessi guyyaa hojii waaree booda sa'aa 11:30 hanga ganama sa'aa 2:30 dabareedhaan ramadame guyyaa itti aanu boqonnaa waan hin qabneef guyyaa dabareedhaan ramadamee osoo hin waamamin hafe afuriifi walakkaa (4.5) n kan shallagamuuf ta'a.
- (b) Hojjettoonni dabareedhaan ramadamanii waamaman sa'aa itti waamamanii eegalee hanga xumuranii deebi'anitti sa'aa meeqa akka hojjetan galmaa'ee ji'atti baay'inni mindaa sa'aa tokkootiin shallagamee dhibbeentaan soddoma (% 30) irratti ida'amee ni kaffalamaaf. Ta'uus garuu, guyyoottan hojii (Dilbata galgala sa'aa 11:30 eegalee hanga jimaata sa'aa 2:30) ida'amni sa'aa waliigalaa guyyaa tokko sa'aa kudha shan (15) caaluu hin qabu.
- (c) Hojjetaan guyyaa Sanbataafi Dilbata oolee buluuf dabareedhaan ramadamee osoo hin waamamin yoo hafe kaffaltii tajaajila yeroo idileetiin alaa guyyaatti argachuu qabu sa'aa digdamii sadii (23) keessaa dhibbeentaan Soddoma (% 30) yookiin sa'aa torba (7) kan kaffalamuuf ta'a. Sa'aan waamamee hojjete ammoo galmaa'ee, akkaataa hojimaataan mallattaa'ee itti ida'amee kaffalama. Ta'us garuu, guyyaa Sanbataafi Dilbata oolee buluuf ogeessi ramadamee ida'amni sa'aa waliigalaa guyyaa tokkoo reettiin dura sa'aa digdamii sadi (23) caaluu hin qabu.



1:00 PM

(d) Hojjetaan guyyaa ayyaana akka biyyaalessaatti beekamu oolee buluuf dabareedhaan ramadamee osoo hin waamamin yoo hafe kaffaltii tajaajila yeroo idileettiin alaa guyyaatti argachuu qabu sa'aa digdamii sadi (23) keessaa dhibbeentaan Soddoma (%30) yookiin sa'aan torba (7) ni kaffalamaaf. Sa'aan waamamee hojjete ammoo galmaa'ee, akkaataa hojimaataan mallattaa'ee itti ida'amee kaffalama. Ta'us garuu, guyyaa ayyaanaa oolee buluuf ogeessi ramadame ida'amni sa'aa waliigalaa guyyaa tokkoo reettiin dura sa'aa digdamii sadi (23) caaluu hin qabu.

- 4) Ogeessi guyyaa hojii yeroo laaqanaa hojiirra turaniif hooggansi mana hojii tartiiba hojjettoota qopheessuun yeroo laaqana isaanii akka itti fayyadaman taasiisa malee sa'aan tokkoo (1) shallagamee kan kaffalamuuf hin jiraatu.
- 5) Hojjetaan tajaajila hojii yeroo idileettiin alaa irratti ramadame halkan bulee guyyaa itti aanu kan boqatu malee ramadamee hojjechuu hin danda'an. Reettiin kaffaltii ogeessa halkan bulee guyyaa boqotu, erga sa'aan hojii mootummaa irraa hirdhatee booda 1.5 kan baay'atuuf ta'a. Tumaan Keewwata kanaa hojjetaa waamamanii hojjetan hin ilaallatu.
- 6) Bakka hanqinni humna namaa guddaan jirutti maanaajimentii dhaabbata fayyaa haala qabatamaa hojii irratti hundaa'uudhaan baay'ina oggeeyyii halkan bulan xiqqeessuudhaan hojii idilee irratti qaawwi akka hin uumamne taasisuu ni danda'a; haa ta'u malee hojiin sa'aa hojii idileen alaas tasuma miidhamuufi tajaajilamaa rakkisuu hin qabu.
- 7) Dhaabbilee fayyaa giddugaleessa irraa fageenyarratti argamaniifi hanqinni ogeessota ol'aanoo qaban haala waliigaltee Biirichaafi Dhaabbileen barnoota ol'aanoo raawwatan irratti hundaa'uun, ogeessota fayyaa ol'aanoo dhaabbilee barnootaatiin qaxaramanii hojjechaa jiran gara hospitaaloona rakkoo oggeeyyii fayyaa ol'aanoo qabanitti ramaduun kaffaltii sa'aa hojii idileettiin alaa (Duty) mana hojii isaaniif qabame irraa kan kaffalamuuf ta'a.
- 8) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 7 jalaatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, kaffaltiin oggeeyyii fayyaa ol'aanootiif kaffalamu akkaataa Qajeelfama kanaatiin mindaa ogummaa dhaabbataa Fayyaa ogeessi sun irratti ramadamee argachuu danda'u irratti hundaa'ee qofa kan kaffalamuuf ta'a.
- 9) Dhaabbatni fayyaa haala qabatama tajaajilamaa irratti hundaa'uun lakkoofsa hojjettoota tajaajila yeroo hojii idileettiin alaa irratti ramadamanii halkan bulan yookiin guyyaa oolaniif qajeelfama kanaan ramadaman keessaa xiqqeessuu yookiin garee tokko irraa gara garee biraatti haala hojiif mijatuun lakkoofsa sirreessuun ramaduu ni danda'a.



10) Ramaddiin ogeessaas ta'ee kaffaltiin yeroo hojii idileetiin alaa kamiyyuu kan raawatamu tajaajiloota kennamaa jiraniifi yoo ogeessi seeraan irratti ramadamee hojii san hojjete, galmessee fi gabaase qofa ta'ee; ramaddiifi kaffaltiin faallaa kanaan gaggeeffamu kamiyyuu seeran kan nama gaafachiisu ta'a.

6. Mirgaafi Dirqama Hojjetaa

- 1) Hojjetaan dhaabbata fayyaa sa'aa hojii idileen alaa hojjetu mirgoota armaan gadii ni qabaata:
 - (a) Hojjetaan sa'aa hojii idileetiin alaa hojii hojjeteef akkaataa Qajeelfama kanaatiin kaffaltii yeroon argachuuf;
 - (b) Hojjetaan sababa abbaan dabaree irraa sa'aa ramaddii hojii isaatti argamee hojii walirra hin fuudhiniif, hojiirra ture sa'aan inni ture shallagamee abbaa dabaree irraa citee hojjetaa hojiirra tureef kaffaluun;
 - (c) Hojjetaan dhaabbata fayyaa ogummaan isaa hojii idileen alaa irratti akka ramadamuuf eeyyamamuuf, loogii tokko malee haqummaafi iftoominaan ramadamee tajaajila isarraa eegamu kennuu dha.
- 2) Hojjetaan dhaabbata fayyaa sa'aa hojii idileen ala hojjetu dirqamoota armaan gadii ni qabaata:
 - (a) Ramaddiin hojii tajaajila yeroo hojii idileetiin alaa akka hojjetuuf Qajeelfama kanaatiin ramadaman raawwachuuf;
 - (b) Yeroo sa'aa hojii idileetiin alaa dhaabbiifi eeggataadhaan akka hojjetaniif ramadamaniif gahee irraa eegamu bahachuuf;
 - (c) Ogeessi fayyaa sa'aa hojii idileetiin alaa ramadamee hojjetu kamuu tajaajila si'ataafi yeroo isaa eeggate kennuuf sababoota danquu danda'an dursee haala mijeeffachuun iddoo hojiitti yoo xiqqaate daqiiqaa 15 dursee argamuun walharkaa fuudhiinsa raawwachu.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 (a hanga c) jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, hojjetaan tajaajila yeroo hojii idileen alaa irratti ramadamee argamuu hin dandeenye, rakkoon humnaa olii kan isa qunname yoo ta'e malee yoo xiqqaate sa'aa jaha (6:00) dursee qaama dhimmi ilaaluuf gabaasuu qaba.
- 4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 3 jalatti kan tumame jiraatus, hojjetaan rakkoo naamusaa keessattuu qabiinsa dhibamaafi rakkoo tajaajilummaa hojii idilee irratti qabu hanga rakkoo kanarraa of fooyyessuun isaa koree maanaajimantii dhaabbatichaatiin mirkanaa'utti tajaajila hojii yeroo idileen alaa irratti ramadamuu hin danda'u.



- 5) Hojjetaan tajaajila yeroo hojii idileen alaa irratti ramadame dirqama isaa xumuree kamiyyuu hojjetaan abbaan dabaree waan barfateef osoo dhufee walharkaa fuudhiinsa hin gaggeessin hanga gabaasa godhee qaamni ilaallatu nama biraa bakka buusutti gonkumaa hojii addaan kutee bahuu hin danda'u.
- 6) Hojjetaan sa'aa hojii idileetiin alaafi ceggataa ta'anii ramadaman kamuu waan hojjetan haala istaandaardiitiin galmeessuun garee isaafi garee qulqullinaa dhaabbatichaaf gabaasuuf dirqama qaba

Kutaa Sadii

Aangoofi Hojii Qaamolee Adda Addaa

7. Aangoofi Hojii Biiraa Maallaqaa Oromiyaa

Biiraa maallaqaa Oromiyaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Baajata kaffaltii yeroo hojii idileen alaa bu'uura Qajeelfama kana keessatti tumamee jiruun mindaa ta'uu isaa beekke, dhaabbata fayyaa sadarkaa Biirichaatti waamamaniif baajata kan qabu ta'ee, dhaabbata fayyaa sadarkaan jiraniif akka qabamu ni taasisa;
- 2) Kaffaltiin yeroo hojii idileetiin alaa haaluma Qajeelfamaan tumamee jiruun hojjetaa yeroo hojii idileen alaa irratti ramadamee hojjeteef kaffaltiin akka raawwatamu ni taasisa;
- 3) Akkaataa Qajeelfama kanaatiin kaffaltiin yeroo hojii idileetiin ala raawwatamuu isa ni hordofa; ni to'ata; odiitii ni taasisa yookiin akka odiitii taasifamu haala ni mijeessa;
- 4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma cegametti ta'ee, hojimaata keessatti hanqinni kan muldhatu ta'ee yommuu argame argannoo bu'aa odiitii dhiyaatu irratti hundaa'uudhan duubdeebii ni kenna; tarkaanfii sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa; hojiirra oolmaa isaas ni hordofa.

8. Waajjira Maallaqa Magaalaa yookiin Aanaa

Waajjirri Maallaqaa Magaalaa yookiin Aanaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Baajata kaffaltii yeroo hojii idileen alaa bu'uura Qajeelfama kana keessatti tumamee jiruun mindaa ta'uu isaa beekke, dhaabbata fayyaa Magaalichaa yookiin Aanicha keessa jiraniif baajata ni qaba;
- 2) Kaffaltiin yeroo hojii idileetiin alaa haaluma Qajeelfama kanaatiin hojjetaaf kaffaltii ni raawwata;
- 3) Bu'uura Qajeelfama kanaan kaffaltiin yeroo hojii idileetiin alaa raawwatamuu isaa ni hordofa; ni to'ata; odiitii ni taasisa yookiin akka odiitii taasifamu haala ni mijeessa;
- 4) Hojiirra oolmaa Qajeelfama kana keessatti hanqinni kan muldhatu ta'ee yommuu argame argannoo bu'aa odiitii dhiyaatu irratti hundaa'uudhan duubdeebii ni kenna; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa; hojiirra oolmaa isaas ni hordofa.



9. Aangoofi Hojii Komishinii

Komishinichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Hojiirra oolmaa Qajeelfama kanaa ol'aantummaan ni hubachiisa; ni hordofa; ni to'ata; bu'aa qabeessummaa isaas ni madaala;
- 2) Kenna tajaajila fayyaa yeroo hojii idileen alaa dhaabbata fayyaa keessatti kennamuu isaa ilaalchisee yaada uummataa ni fudhata; hordoffii ni taasisa; sirreeffamni barbaachisaa ta'ee akka taasifamu ni godha;
- 3) Hojiirra oolmaa Qajeelfama kanaa ilaalchisee haala komiin hojjetaa itti dhiyaatu sirna ni diriirsa; komii ni dhaggeeffata; deebii ni kenna; qaama dhimmi ilaalatuuf duubdeebii ni kenna.

10. Aangoofi Hojii Waajjira Bulchiinsaa Godina yookiin Magaalaa

Waajjirri Bulchiinsaa Godinaa yookin Magaalaa Aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Hojiirra oolmaa Qajeelfama kanaa irratti qaamolee gahee qabaniif hubannoo ni kenna; ni hordofa; ni to'ata; bu'aa qabeessummaa isaas madaalee Biirichaaf ni gabaasa;
- 2) Kenna tajaajila fayyaa yeroo hojii idileen alaa dhaabbata fayyaa keessatti kennamuu isaa ilaalchisee yaada uummataa ni fudhata; hordoffii ni taasisa; sirreeffama barbaachisaa ta'e ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 3) Hojiirra oolmaa Qajeelfama kana ilaalchisee komii ni dhaggeeffata; murtee ni dabarsa; qaama dhimmi ilaalatuuf duubdeebii ni kenna.

11. Aangoofi Hojii Waajjira Bulchiinsa Aanaa yookiin Bulchiinsa Magaalaa

Waajjirri Bulchiinsa Aanaa yookiin Magaalaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Baajanni kaffaltii yeroo hojii idileen alaaf ramadamu kaffaltii namoomaa ta'uu isaa beekuun baajanni hojii adeemsiftuu kamiyyuu osoo hin ramadamiin dura akkaataa Qajeelfama kanaatiin baajanni gahaa ta'e ramadamuu isaa ni mirkaneessa;
- 2) Karoora wixinee baajataa qopheessummaa Waajjira Fayyaa Aanaa yookin Magaalatiin Waajjira Maallaqaa Aanaa yookin Magaalatiif dhiyaate xiinxaluun Mana Maree Aanichaa yookin Magaalatiin akka mirkanaa'u ni taasisa;
- 3) Raawwiin Qajeelfama kanaa gabaasa boordii dhaabbata fayyaa irratti akka dhiyaatu ni taasisa; ni hordofa; iddoo hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 4) Tumaa Qajeelfama kana Keewwata 10 (2 fi 3) jalatti haaluma ibsameen gabaasa komii dhiyaate irratti hundaa'uun tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa.



12. Aangoofi Hojii Biiroo Fayyaa

Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Kaffaltii yeroo hojii idileen alaa ilaalchisee wixinee karoora baajataa dhaabbata fayyaa itti waamamni isaa Biirichaaf ta'e ni qopheessa; Biiroo Maallaqaa Oromiyaatiif ni dhiyeessa;
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, baajata mirkanaa'ee dhiyaateef irratti hundaa'uun akkaata Qajeelfama kanaatiin ni qooda; akka labsamuuf ni taasisa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 3) Ragaa hojjetaa dhaabbata fayyaa Naannichaa ni sassaaba; ni qindeessa; baajanni akka qabamu qaama dhimmi ilaaluuf ni dabarsa;
- 4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, yeroo hanqinni baajataa qunnamutti ragaa qabatamaa dhiyeessuun baajanni dabalataa akka ramadamu ni taasisa;
- 5) Qajeelfama kana ilaalchisee hojimaata yookiin maanuwaalii keessoo karaa Qajeelfama kanaan wal hin faallessineen baasuun hojicha abbummaan ni hooggana; ni raawwata; ni raawwachiisa;
- 6) Baajatni dhimma kanaaf ramadamu kamiyyuu dhaabbata fayyaan haala Qajeelfama kanaatiin hojiirra ooluu isaa ni hordofa; ni to'ata;
- 7) Hojiirra oolmaa Qajeelfama kanaafi maanuwaalii qopheesse irratti hubannoo ni uuma; ni hordofa; ni to'ata;
- 8) Tumaa Qajeelfama kana keessatti tajaajila, dhaabbata fayyaa, ogummaafi kanneen biroo hin hammatamiin jiran akkaataa barbaachisummaa isaatti akka dabalamaaniif manuwaalii baasuun kan murteessu ta'a.

13. Aangoofi Hojii Dhaabbata Fayyaa

Dhaabbanni Fayyaa Mootummaa Naannicha keessatti argamu aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Ramaddii tajaajila yeroo hojii idileetiin alaa osoo jiini itti aanu hin seenin yoo xiqqaate guyyaa 5 (shan) dursee maxxansuufi hojjetaan akka beeku taasisuu;
- 2) Hojjetoota dhaabbata fayyaa ogummaan isaanii ramaddii tajaajila yeroo hojii idileen alaa irratti akka ramadamaniiif affeeru hunda haqummaan ramadee kan hojjechiisu ta'uu;
- 3) Qajeelfama kanarratti hudaa'uun sirna walharkaa fuudhinsa hojii tajaajila yeroo hojii idileetiin alaa kan diriirsu ta'uu;
- 4) Akkaataa Qajeelfama kanaatiin sirna hordoffii tajaajila yeroo hojii idileetiin alaa diriirsuun hordoffii taasisuu;



- 5) Hojjetaan dhaabbata fayyaa tokko fayyaa isaatiifis ta'ee qulqullina tajaajila kennamu eegsisuuf jecha ji'a tokko keessatti sa'aa 212 ol ramadanii hojjechiisun hin danda'amu.
- 6) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee; hojiin seektara fayyaa lubbuu wajjiin kan walqabatu waan ta'eef, tajaajilli osoo addaan hin citiin sa'aa digdamii afur (24:00) kan kennamu ta'ee, dhaabbilee fayyaa humni namaa gahaan hin jirretti tajaajilli akka addaan hin cinne baay'ina lakkoofsa hojjetaa Qajeelfama kanaan ramadame osoo hin dabaliin ramaddii hojii yeroo idileetiin alaa haala hojiif mijatuun sirreessee kan ramaduufi sa'aa kaffaltii illee akkaataa hojichaaf baajata ramadameen sa'aa 212 ol kaffaluu ni danda'a.
- 7) Ragaan kaffaltiin hojii tajaajila yeroo idileetiin alaa jiini dhumee yeroo muraasa keessatti kan dhiyaatu ta'ee, kaffaltiin battalumatti raawwachuu qaba.
- 8) Dhaabbanni fayyaa haala ramaddii ogeeyyii sa'aa hojii idileen alaa irratti ramadaman ittiin to'atu haaluma hojimaata diriirseen, hojjetaan ramadamu tokko raawwii hojii sa'aa idileen alaa galmessee, gabaasa isaa qindeessee garee hojii isaatiif, itti aanuun garee qulqullina hojii mana hojichaaf erga mirkaneessiseen booda, bulchiinsa qabeenya namaatiin raggaasisuun osoo hin dhiyeessiin kaffaltii raawwachuu hin qabu.
- 9) Baay'ina hojjetoota sa'aa hojii idileen alaa ramadan, haala tajaajila isaan kennanii fi baayyina tajaajilamaa irratti hundaa'uun xiqqeesse ramaduu qaba. Itti gaafatamaan dhaabbata fayyaa bakka tajaajilamaan hin jirretti, itti fufinsaan kaffaltii tajaajila idileen alaa kaffalu naamusaan kan itti gaafatamu ta'a.

Kutaa Afur

Sirna To'annoofi Hordoffii

14. Sirna To'annoofi Hordoffii Tajaajila Hojii Yeroo Idileen Alaa

- 1) Biirichi Sadarkaa Naannootti sirna hojjetaan dhaabbata fayyaa sa'aa hojii idileen alaa irratti ramadaman ittiin to'atamu kan diriirsu ta'a.
- 2) Hojiin yeroo idileetiin alaa galmee mallattoo too'annoo hojiifi guca gabaasaa of danda'e kan qabaatu ta'a.
- 3) Miseensi Maanaajimentii tajaajila yeroo hojii idileetiin alaa irratti ramadamu hojii bulchiinsaa halkaniifi hojjetootaa tajaajila yeroo hojii idileetiin alaa irratti ramadaman ol'aantummaan kan to'atu ta'a.
- 4) Miseensonni Garee qulqullina tajaajila yeroo hojii idileetiin alaa irratti ramadaman hojii teekinikaa yeroo idileetiin alaa ol'aantummaan kan to'atan ta'a.
- 5) Hanqinaaleefi rakkoon yeroo tajaajila hojii idileetiin alaa muudatan ragaa Koreen qulqulinaafi maanaajimantii halkan bulan dhiyeessan irratti hundaa'udhaan guyyaa itti aanuf tarkaanfiin sirreeffamaa hooggasa mana hojiitiin kan fudhatamu ta'a.



- 6) Kaffaltiin tajaajila yeroo hojii idileetiin alaa kamiyyuu sirna hordoffii irratti hundaa'uun ragaa gahaafi haqa qabeessa dhiyaatu irratti hundaa'ee qofa kan kaffalamu ta'a.
- 7) Kaffaltiin tajaajila yeroo hojii idileetiin alaa gabaasa kutaan hojii dhiyeessu irratti hundaa'ee koree qulqulina tajaajila hooggansa mana hojiitiin mirkanaa'ee kan dhiyaatu ta'a.
- 8) Hojileen hojjetamanifi kaffaltiiwwan raawwataman akkaataa Qajeelfama kanaatiin raawwatamuu isaa oditiin mirkaneessuun kaffaltiin seeraan ala raawwatame yoo jiraate akka deebii ni taasifama;
- 9) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 8 jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee qaamni kaffaltii faallaa Qajeelfama kanaatiin hojjetaa ramadee kaffaltiin akka raawwatu taasiseefi raawwate seeraan kan gaafatamu ta'a.

Kutaa Shan
Tumaalee Adda Addaa

15. Sirna Ittigaafatamummaa

- 1) Qajeelfama Raawwii Hooggansa Qabeenya Namaa Manneen Hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irradeebiin Fooyyeessuuf Bahe Lakkoofsa 24/2015 fi Qajeelfama Hooggansaafi Misooma Hojjetoota Seektara Fayyaa Oromiyaa Lakkoofsa 20/2015 bahe hojjetoota hojii idileetiin ala ramadan irrattis raawwatiinsa kan qabaatu ta'a.
- 2) Hojjetaan sa'aa hojii idileetiin alaa irratti ramadamee hojiirraa hafe akkaataa seera rogummaa qabuun kan gaafatamu ta'a.

16. Dirqama Deeggarsa Kennuu

Namni kamiyyuu hojiirra oolmaa Qajeelfama kanaatiif deeggarsa irraa barbaadamu kennuuf dirqama qaba.

17. Aangoo Qajeelfama Fooyyessuu

Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa barbaachisaa ta'ee yeroo argametti Qajeelfama kana fooyyessuu ni danda'a.

18. Aangoo Maanuwaalii Baasuu

Qajeelfama kana raawwachiisuuf Biirichi Maanuwaalii baasuu ni danda'a.

19. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaannee

Qajeelfamni yookiin barmaatileen hojii Qajeelfama kanaan walfaallessu kamiyyuu dhimmoota Qajeelfama kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

20. Yeroo Qajeelfamichi Hojiirra Itti Oolu

Qajeelfamni kun Adoolessa 1, bara 2018 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee, Fulbaana 9, bara 2019

Shimellis Abdiisaa
Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa



11

